

QABIYYEE BARNOOTA SEMISTEERA LAMMAFFAAF QOPHAA'E**BOQONNAA SAGAL (9)****SIRNA GADAA**

- ➡ Boqonnaa kana jalatti yaadrimee Sirna Gadaa keessatti calaqqisan ibsuufi
- ➡ Boqonnaadhuma kana keessatti dandeettiwwan afaanii gurguddoo dabalatee kanneen akka:
 - ☑ Sirna Gadaa Oromoo
 - ☑ Hiika jechootaa,
 - ☑ Walqabsiistotaa,
 - ☑ Caasaa himootaa,
 - ☑ Gosoota gochibsa Afaan Oromoo keessa jiran akka barattoonni barreessan kan jajjabeessuudha.

Dubbisa kenname kanaan alattis shaakala dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa keessatti shaakalawwan kennaman akka hojjetu sijajjabeessu. Kana xumuruuf shaakala kitaaba irratti siif kennaman hunda dubbisuun hojjechuuf yaalii adda addaa taasisi.

9.1. Sirna Gadaa Oromoo

- ✎ Uummanni Oromoo jaarraa hedduu dura bulchiinsa mataasaa kan ittiin ofbulchaa ture niqaba. Sirni bulchiinsa isaatii kun calaqqee dimokiraasii addunyaa kan yeroo ammayyaawaa kan agarsiisuudha. Ulaagaaleen Sirna Gadaa Oromoo calaqqee sirna dimokiraatawaa bulchiinsa ammayyaa isa jechisiisu;
 - ✓ Caaseffama achi keessa jiru;
 - ✓ Qindaa'ina inni ofkeessaa qabu;
 - ✓ Sirna angafummaa eeguun ittiin walbulchaniifi k.k.f. tarreessuun nidanda'ama.

Haga kana dimokiraatawaa ta'us, haalaan qindaa'ee barreeffamee sirna bulchiinsa ammayyaa keessatti hin ibsamne. Uummanni kun waggoota dheeraaf kan isaa taasifatee itti fayyadamaa tureera. Haala kanaan caaseffamni Gadaa keessa jiran;

☞ **Gogeessa /Miseensaa/fi Marsaa Gadaa** – Gadaan tokko waggaa saddeet qaba. Waggaan saddeettan yeroo itti aangoon siyaasaa warra Gadaa tokkoo harka turu jechuudha. Kanaaf Gadaan waggaa saddeet saddeetiin waljijjiira. Waggaan saddeettan Gadaa tokko Booranatti, Gogeessaa Gadaa, Tuulamaa, Arsiifi Ituutti Miseensa Gadaa, Gujiitti Baallii (Aangoo) Gadaa jedhamee beekama. Gogeessi Gadaa hawaasa Oromoo keessatti bakka garaagaraatti maqaa adda addaa qaba. Qorannoo Gadaa Oromoo irratti bakka bakkatti godhameen Gogeessi Gadaa bakka shanitti qoodama. Kan kana irraa adda ta'es nijira. Fakkeenyaaf, Boorana keessatti gogeessa Gadaa torbatu jira. Maqaan isaaniifi tartiibni isaanii kan bakka biraa faana walhira. Yemmuu Gogeessi Gadaa hundi tartiibaan deemee raawwatee gara isa jalqabaatti deebi'u marsaa tokko jedhama. Marsaan tokko Gadaa shan ofkeessaa qaba jechuudha. Fakkeenyaaf, Ituu keessatti Gogeessi Gadaa (miseensi) jiran Horata, Sabbaaqa, Dibbeessaa, Fadataafi Daraaraadha. Kanneen tartiibaan maqaa Gadaawwan waggaa saddeet-sadeetiin deeman ta'anii Daraaraan gaafa raawwate waggaa 40tti Hormaatatti deebi'a jechuudha. Yeroon kun itti raawwatee deebi'ee marsuuf naanna'u marsaa Gadaa tokkoo jedhama.

☞ **Sadarkaalee Gadaa** – Akkaataa waggaa dhalootatiin murni ilmaan kormaa tartiibaan keessa darban sadarkaa Gadaa jedhamu. Sadarkaan Gadaa maqaa gurmoo, waggaa dhalootaa ilmaan kormaati jechuudha. Sadarkaan Gadaa umrii adda addaa irratti dalagaawwan akkamii irratti bobba'uu akka qabu agarsiisa. Ilmaan kormaa dhimma siyaasaa ilaaluu irratti dirqama addaa haa qabaatan malee, ilmaan jaarsaas sadarkaalee kanaan ala hin ta'an. Sadarkaan Gadaa jireenyi siyaasaa, amantii, aadaa, dinagdee, waraanaafi k.k.f keessatti maal akka fakkaatu mul'isa. Egaa, sadarkaan Gadaa jiruufi jireenya dhala Oromoo mara calaqqisiisa.

Kanarraa ka'uun, sirni Gadaa Oromoo calaqqee sirna dimokiraasii ammayyaa ta'usaa ibsuu dandeenya. Yeroo sana haalli mijataafi sammun qarooma yeroo hinjirre keessatti hanga kana ergaa falaasama guddaafi xiinxala gaafatu uummanni kun burqisiiseera. Yeroo ammaa madda qorannoofi qo'annoo sammuu namoota baratanii ta'ee addunyaarratti hojjechaa jira.

9.2. Walqabsiistota

Walqabsiistonni akkuma afaan biroo keessatti argaman Afaan Oromoo keessas nijiru. Walqabsiistonni akka jechoota tajaajilaatti itti fayyadamna. Akka kanaan;

✎ **Wabsiistota** jechuun caasaa ijaarsa afaanii keessatti seerluga eeguun jechaafi jecha, gaaleefi gaalee, himaafi hima yookiin ciroofi ciroo kan walqabsiisaniidha. Kana jechuun walitti dhufeenya ykn garaagarummaa yaadotaa kan ifa taasisaniidha.

Tajaajila isaan qaban irratti hundaa’uun walqabsiistonni bakka gurguddoo afuritti qoodamu. Isaanis:

- ☑ **Walqabsiistota Idaa’ama Yaadaa Agarsiisan** – Gosti walqabsiistota kanaa kanneen isaan walqabsiisan sun itti dabalatee yookiin yaada dabalataa agarsiisuuf kan galaniidha. Fakkeenyaaf: dabalees, akkasumas, fi, akkuma kanneen jedhan akka fakkeenyaatti nika’u.
- ☑ **Walqabsiistota Filannoo Yaadaa** – Walqabsiistonni kun yaadota lamaafi isaa olta’an keessaa tokko filachiisuuf kan oolaniidha. Walqabsiistota kanneen akka: yookiin, yookiin ammo, ammoo, maleefi k.k.f. akka fakkeenyaatti fudhachuu dandeenya.
- ☑ **Walqabsiistota Yaada Faallaa Agarsiisan** – Gosti walqabsiistota kanaa yaadota walfaallessan lama yookiin isaa ol walqabsiisuuf kan oolaniidha. Fakkeenyaaf. Ta’us, ta’uyyuu, haata’u malee, ... kanneen jedhan akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda’ama.
- ☑ **Walqabsiistota Bu’aafi Sababaa** – Walqabsiistotni kun bu’aafi sababa kan waliif ta’an walqabsiisuuf kan oolaniidha. Fakkeenyaaf. Kanaafuu, kanaafis, waan kana ta’eef, sababa kanaaf ... kan jedhan akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda’ama.

9.3. Gochibsa

Gochibsi gareewwan jechaa keessaa tokko ta’ee kan tajaajiluudha. Ulaagaan garee jechaa ittiin qoqqoodaman keessaa qabiyyee yookiin eenyummaa jechi sun qabduufi tajaajila inni qabu irratti hundaa’uun kan ramadaman yoo ta’u, ulaagaa kanaa guutuun gareewwan jechoota Afaan Oromoo bakka shanitti qooduun ilaaluun nidanda’ama.

✎ Gochibsi tajaajila inni laatuun yeroo baay’ee akka garee jechaa tokkootti itti fayyadamna. Gochibsi caasaa ijaarsa hima Afaan Oromoo keessatti gochima dura galuun haala raawwii, yeroo raawwii, bakka raawwii, sadarkaa gochi tokko ittiin raawwate kan ibsuudha. Gosoonni gochibsa Afaan Oromoo keessa jiran kanneen kanaa gadiiti.

- ➡ **Gochibsa Akkaataa (Haalaa)**- gochi tokko haala inni ittiin raawwate kan ibsuudha. Gaaffii “akkamitti” jedhu deebisi. Fakkeenya. Daraatuun **saffisaan** fiigdi.
- ➡ **Gochibsa Bakkaa (Iddoo)**- bakka gochi itti raawwate ibsa. Gaaffii “eessatti” jedhuuf deebii laata. Fakkeenyaaf. Daa'imni **sireerra** jira.
- ➡ **Gochibsa Yeroo** – yeroo gochi tokko itti raawwate ibsa. Gaaffii “yoom” jedhuuf deebii laata. Fakkeenya. Sabboonaan **kaleessa** dhufe.
- ➡ **Gochibsa Sadarkaa** – sadarkaa gochi tokko ittiin raawwate ibsuufi. Fakkeenya. Jaarraan dareesaa keessaa **tokkoffaa** ba'e.
- ➡ **Gochibsa Irra deddeebii** – gochi raawwatamu tokko irra deddeebi'amuun raawwatamuu isaa kan ibsuudha. **Fakkeenya**. Soolan galgala galgala bula dhuga.
- ➡ **Gochibsa sababaa** – sababa gochi tokko itti raawwatamuuf kan ibsuudha. Fakkeenya. Waan barfateef adabame.
- ➡ **Gochibsa Gaaffii** – raawwii gochaa ibsuuf jechoota gaaffii ta'an kanneen gochima ibsanitti gargaaramuun kan ibsuudha. Fakkeenya. Ati amma **eessa** deemta?
- ➡ **Gochibsa meeshaa** – gochi raawwatame maaliin raawwatame kan jedhu ibsa. Fkn. Soolan **rasaasaan** diina gombise.

Walumaagalatti, boqonnaa kana keessatti dubbisa keessaa kan argamuufi odeeffannoo dabalataa kitaabotaafi miidiyaa adda addaa hordofuun yaada Sirna Gadaa Oromoo keessa jiru hubachuu nidandeessa. Itti dabalees, boqonnaan kun hiika jechoota adda addaa akka shaakaltuufi walqabsiistota akkasumas gosoota gochibsa Afaan Oromoo keessa jiran barreessuuf shaakala taasisi.

Gaaffilee Shaakalaa Boqonnichaa

Gosoota Walqabsiistota 'A'Jalatti Barraa'an Yaada Isaan Walqabsiisan Kan 'B' Jalaa Waliin Walitti Firoomsii.

A.

1. Akkasumas
2. Kana malees
3. Haata'umalee
4. Kanaafuu

B.

- A. Ida'ama yaadaa
- B. Sababaafi bu'aa
- C. Filannoo yaadaa
- D. Yaada faallaa

Gaaffilee Armaan Gadii Qubee Deebii Sirrii Qabate Filadhu.

5. Bakka galumsa walqabsiistuu ‘fi’ ilaalchisee kamtu sirriidha?

A. Bunaafi shaayii	C. Bunaa fishaayii
B. Bunaa fi shaayii	D. Bunaaf shaayii
6. Isheen bifa bareeda qabdi. Isheen amala dansaa qabdi. Himni kun walqabsiiftuu kamiin walqabsiifamuu qaba?

A. Haata’u malee/fi	C. Kanaafuu/ akkasumas
B. Kana maleesa/fi	D. Garuu/immoo
7. Qilleensi naannoo kanaa **baay’ee** ho’a. Bakka galumsaatiin tajaajilli gosa garee jecha gurraacheffamee maali?

A. maqibsa	B. gochibsa	C. gochima	D. durduubee
------------	-------------	------------	--------------

BOQONNAA KUDHAN**GUDDIFACHAA**

Kaayyoon boqonnaa kanaa, dubbisa dhiyaate dubbisuun, waan beektu dubbisaan walitti fiduun xiinxaltuufi muuxannoo qabduun walqabsiiftu sijajjabeessa. Boqonnaa kanaan walqabsiisuun hiika jechoota adda addaa kallattiifi faallaan akka deebistu, sirna tuqaalee keessaa tuqlameefi sarara xiqqaa, caasaalee yookiin qaamolee keeyyataa barreessuun shaakalasaarratti akka hirmaattu sitaasisa.

- ➡ Barattoota waa’ee guddifachaa waan beektan walitti dubbadhaa
- ➡ Yoo akka naannoo keessaniitti beektu ta’e waliif qoodaa. Akkamitti akka guddifachaan geggeeffamu, sirna inni ofkeessaa qabus walfaana ibsaa.
- ☞ Guddifachaan aadaa Oromoo keessatti durirraa kaasee kan beekamuufi sabni biroon illee aadaa guddifachaa kana fakkeenya fudhatanii kaasuu. Innis seera mataasaa danda’e niqaba. Kitaaba barattootaa kan Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa akka ka’umsaatti ilaaluun nidanda’ama.

10.1. Maalummaa Keeyyataa

☞ Keeyyati qaama barreeffamaa ta'ee, yaada ijoo tokko kan qabuufi qaamolee adda addaarraa kan ijaaramuudha. Ergaa tokko kan ofkeessaa qabuufi himoota seeraan walitti qindaa'an irraa kan ijaaramuudha. Keeyyati qindaa'an tokko qaamolee adda addaa ofkeessaa qaba. Kanneenis:

- **Hima Ijoo** – himni ijoo yaada handhuuraa (dimshaashaa) keeyyataa kan ofkeessatti qabatee jiruudha. Himni ijoo keeyyata keessatti bakkeewwan adda addaatti argamuu danda'a. Jalqabarratti, dhumarratti, gidduutti, jalqabaafi dhumarratti argamuu danda'a.
- **Hima Callaa** – himni callaan yaada hima ijoo keessatti ka'e, balballoomsuun himoota baay'atan fayyadamuun kan keeyyata sana keessatti argamuudha. Fakkeenya adda addaa kaasuun, sababaafi bu'aan keeyyata sana bal'isee kan ibsuudha.
- **Hima Goolabaa** – himni goolabaa keeyyata keessatti yaaduma hima ijoo keessatti ka'e, jecha biroo fayyadamuun keeyyaticha kan goolabuudha.

Namni keeyyata barreessu qaamolee isaafi amaloota keeyyata gaarii kan ta'an fayyadamee barreessu qaba. Jalqabarratti gumeesaa baafachuun yaadota adda addaa burqisiisuun qindeessee wixinee jalqabaa barreessuun, sirriitti gulaaluun madaalee barreeffama dhuma gaarii ta'e barreessuutu irraa eegama. Shaakala gume qopheessuurraa jalqabee jiru kitaaba barattootaarraa gilgaala isaa ilaaluun nidanda'ama.

10.2. Sirna Tuqaalee: Tuqlameefi Sarara Xiqqaa

Sirni tuqaalee akkuma caasluga afaanii barreeffamaafi yaada tokko guutuu gochuu keessatti iddoo guddaa qaba. Kana jechuun sirna tuqaalee malee himni tokko guutuu ta'uu hindanda'u. Akkuma boqonnaa adda addaa keessatti sirna tuqaalee hedduu kaasuun danda'ametti boqonnaa kana keessatti immoo waa'ee tuqlameefi sarara xiqqaatu ka'a.

- ✓ **Tuqlameen** faay'idaan isaa wantoota tarreeffaman dura gala yookiin bakka isaanis jedhutti kan fayyaduudha.

Fakkeenyaaf. Jaarraan waa sadii jaalata: lammiisaa, haadhasaafi afaan isaati.

Sa'aatiifi daqiiqaa yeroo lakkoofsaan barreessinu adda baasuuf. Fakkeenyaaf. Sa'aatii 10:30

- ✓ **Sararri xiqqaan** faay’idaa inni qabu keessaa: jechoota tishoo gidduu galuuf, barreeffama tokko yeroo barreessinu osoo barreessinu yoo iddoon hanqate bakka birsagi itti qoodamutti deebinee barreessuuf.... Kanneeniif fayyada.

Walumaagalatti, boqonnaan kun dandeettiwwan afaanii keessaa dubbisuufi barreessuu dabalatee waa’ee aadaa Oromoo keessaa “Guddifachaa” akka beektuufi keeyyata barreessuu keessatti adeemsota jiran shaakalaan cimsachaa akkasumas sirna tuqaalee keessaa tuqlameefi sararri xiqqaan faay’idaa akkamii akka qaban quba siqabsiisuuf dhiyaatan. Boqonnaa kana jalatti gaaffilee ijoo ta’an deebisuuf yaali.

Gaaffilee Shaakalaa Boqonnichaa

Gaaffilee siif dhiyaatan yoo sirrii ta’an “dhugaa” yoo sirrii hintaane “soba” jechuun deebisi.

1. Keeyyanni gaariin tokko dheerina isaatiin murtaa’uu qaba. Kana jechuunis garmalee dheerachuu yookaan xiqqaachuu hin qbu.
2. Yaadi dimshaashaa keeyyataa hima callaa keessatti argama.
3. Tuqlameen faay’idaa isaa keessaa tokko qarshiifi saantima adda baasuuf gala.

BOQONNAA KUDHA TOKKO

KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAA

Kaayyoon boqonnaa kanaa, dandeettii dubbisanii waa hubachuu cimsuufi shaakaloota itti aananii dhufan keessatti himaafi gosoota himaa, dandeettii hiika jechootaa qabaachuufi durduubeefi faay’idaa isaa ibsuufi.

Haaluma kanaan dubbisa siif kennameefi gilgaalota dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa booda jiran kitaaba barattootaarraa jiran hojjedhu.

11.1. Hima

Himni qindaa’ina jechootaa irraa kan ijaaramuufi ergaa guutuu ta’e kan dabarsu, sirna tuqaaleetiin kan xumuramuufi yoo xiqqaate xumura tokko kan ofkeessaa qabuudha.

Gosoota Himaa – Himni akkuma qaamolee adda addaa ofkeessaa qabu, gosoota adda addaas ofkeessaa qaba. Himoonni tajaajilaafi caasaa isaan ofkeessaa qaban irratti hundaa’uun bakka gurguddoo afur afuritti qoodamu. Gosti himaa tajaajila inni ofkeessaa qabu irratti hundaa’uun;

1. **Hima Himamsaa** – Gosti himaa kun odeeffannoo waliigalaa dabarsuuf kan fayyaduudha. Sirna tuqalee keessaa tuqaatiin goolabama. Fakkeenya. Finfinneen handhuura Oromiyaati.
2. **Hima Gaaffii** – Himni gaaffii yaadota yookiin hima deebii dubbisaarraa ykn dhaggeeffataarraa barbaaduudha. Sirna tuqaalee keessaa mallattoo gaaffiitiin goolabama. Himni hundi yookiin yaadi hundi mallattoo gaaffii qabaateef deebii kan barbaadu jechuu hindandeenyu. Fakkeenyaaf namni tokko barreeffamasaa keessatti bara wanti tokko itti ta'e ykn raawwate nishakka yoo ta'e, mallattoo gaaffii kaa'uu danda'a. Yeroo kana deebii hinbarbaadu jechuudha. Fakkeenya. Ati amma eessaa dhufaa jirta?
3. **Hima Ajajaa** – Gosti himaa kun tajaajila isaatiin ajaja dabarsuuf kan ooluudha. Ajaji darbu kun sadarkaa inni ofkeessaa qabu irratti hundaa'ee sirna tuqqlee keessaa tuqaafi raajeffannootiin goolabamuu danda'a.
Fakkeenyaaf. Yeroo barreessitu suuta jechuun xiinxalaa barreessi.
Bal'eessaa akkasii itti deebitee beekkadhu!
4. **Hima Raajeffannoo** – Himni raajeffannoon hima waan tokko raajeffachuuf ykn ajaa'ibsiifachuuf yookiin miiratti fayyadamuun kan ibsamuudha. Sirna tuqaalee keessaa mallattoo raajeffannootiin goolabama.
Fakkeenyaaf. Mucayyoon Adaamaa sun akkam bareeddi!

Shaakala

Gaaffilee siif kennamaniif deebii gabaabaa barreessuun deebisiif.

1. Himoota fakkeenya hima himamsaafi ajajaa ofkeessaa qaban barreessi.
2. Himoota fakkeenya hima raajeffannoofi hima gaaffii ofkeessaa qaban barreessi.

11.2. Durduubee yookiin firoomsee

☞ Durduubeen duraafi duuba garee jechaa biroo galuun tajaajila yeroo, kallattiifi k.k.f. kan agarsiisaniidha. Durduubeen gareewwan jechaa Afaan Oromoo keessaa tokkoodha. Ulaagaa gareen jechootaa ittiin qoodaman keessaa qabiyyeen yookiin eenyummaa isaaniin argamu. Gareen jechaa kun maseenoo waan ta'aniif garee jechoota tajaajilaa jalatti ramadamu. Kana jechuun uumuufi horsiisuun guddina jechoota afaan tokkoo keessatti gumaachi isaanii hamma kana miti. Tajaajilli durduubeen qaban kan kallattii agarsiisan. Fakkeenya. Gara, fuuldura,... kan yeroo agarsiisan. Fakkeenya. Yommuu, ...

BOQONNAA KUDHA LAMA (12)

JIREENYA BAADIYYAAFI MAGAALAA

Boqonnaan kun dubbisa tokkoofi shaakaloota dandeettii afaanii gurguddoofi isaan kaan kan ofkeessatti qabatee dhiyaateedha. Kaayyoon isaas dubbisa erga dubbistanii booda waan dubbifamerraa yaada tokko qabachuun akka itti danda'amuufi seera eeguun mata duree lamaafi isaa ol fudhachuun falmii irratti geggeessuuf haala ittiin danda'amu barsiisuufi.

Qabiyyee boqonnaa kanaa kan ta'e inni biraan jechoota hiikaa isaanii soquun akkamitti akka danda'amu quba qabsiisuufi.

12.1. Hiika Jechootaa

☛ Jechoonni afaan tokko keessa jiran karaalee adda addaa hiika itti kennuun nidanda'ama. Akkaataa kanaan Afaan Oromoo akkuma uummanni isaa heddummatuufi dacheen Oromiyaa bal'oo taatetti jechoota heddummatan hedduu qabdi. Jechoonni kun hawaasichi walirraa fageenya irraan kan ka'e looga adda addaa qabaachuun hiiki naannoo tokko jiru isa naannoo biroo jiruuf haaraadha.

Dhugaa kana mirkaneeffachuuf jechoota godinaalee Oromiyaa adda addaa keessatti dubbataman hiika isaanii waliin akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama.

☛ Jechoota Oromiyaa kibba lixaa keessaa godina Booranaafi Gujiitti dubbataman hiika isaanii waliin ilaali.

♣	Buuyyoo.....	Marga
♣	Callaa.....	qofa
♣	Fulaa.....	bakka
♣	Dhibii.....	kanbiroo
♣	Alquuqaa.....	boloqqee
♣	Danqaraa.....	daasaa, bosona
♣	Tamtoommoo.....	aboottee
♣	Hosee.....	gaarii, baroo, misha, dansa
♣	Leetoo.....	jireenya
♣	Fichaa.....	Ooyiruu
♣	Lansa.....	hiriya

- ♣ Shililoo.....hiriya
- ♣ Hodhicha.....Baay'ee
- ♣ Kolbaa.....Uummata

➡ Jechoota Oromiyaa Lixaa keessaa godina Wallaggaa, Iluu Abbaa Boor, Shawaafi godina Jimmaatti dubbataman hiika isaanii waliin;

- ☒ Moochee.....horii gaanfa hinbaafanne
- ☒ Diniinnaa.....Akeekkachiisa
- ☒ Kalaabsuu.....ballaa
- ☒ Diirama.....Sila,dura
- ☒ Towuu.....waraabuu
- ☒ Daphoo.....gogaa
- ☒ Limixii.....Baay'ee gurraacha
- ☒ Tuushaa.....sobduu
- ☒ Balloo.....Kibxata
- ☒ Seena'amuu.....Gadduu
- ☒ Qajeeloo.....Wiixata
- ☒ Qarsaa.....Kibxata
- ☒ Irbuu.....waadaa
- ☒ Dallabaa.....jallataa
- ☒ Queensuu.....qicuu(qocuu)
- ☒ Gachanchaluu.....rincicuu
- ☒ Bacarraquu.....Boonuu, kooruu

➡ Jechoota Oromiyaa Bahaa keessaa godina Arsii, Baaleefi Harargeetti dubbataman hiika isaanii waliin;

- ✚ Qaabachuu.....Yaadachuu
- ✚ Xoroshoo.....maxinoo
- ✚ Haxumaa.....Boojjitoo
- ✚ Heda.....barbaada/ fedha
- ✚ Soquu.....barbaaduu
- ✚ Awwala.....dura
- ✚ Ajala.....Guyyaa du'aa

✚ Adaree.....	boqqolloo
✚ Shuruu.....	adurree
✚ Xaqanaa.....	Gamna, abshaala
✚ Darmaa.....	waraabessa
✚ Imee.....	qacalee
✚ Xaqoo.....	Re'ee
✚ Waroo.....	meeshaa aannan itti raafamu

Shaakalli kitaaba barattootaa Afaan Oromoo boqonnaa kudha lama keessa jiru fakkeenya kana waan gabbisuuf jechoota kanaaf hiika kallattiifi faallaa kenniif.

Walumaagalatti, boqonnaan kun kan ofkeessatti qabatu dandeettii afaanii gurguddoo keessaa dandeettii dubbachuu keetii haalaan akka gabbifattuuf waan sigargaaruuf falmii adda addaa geggeessuun sibaarbaachisa. Jechoonni afaan tokkoo hiika karaalee adda addaa itti kennuun xiinxaluun akka sibaarbaachisu sijajjabeessa.

Gaaffilee Shaakalaa Boqonnichaa

Hiika kallattii jechoota gaditti siif kennamanii barreessiif.

1. Se'uu
2. Nyaapha
3. Abuyyaa
4. Cari
5. Yooyyaa

Hiika faallaa jechoota gaditti siif kennamanii barbaadiif.

1. bir'achuu
2. luqqeettuu
3. fincilte
4. eeguu
5. tumsuu

BOQONNAA KUDHA SADII (13)**SHEEK BAKIRII SAAPHALOO**

Kaayyoon boqonnaa kanaa akkuma mata duree irratti kenname, namoota seenaa guddina barreeffama Afaan Oromoo keessatti gumaacha guddaa taasisaniifi haala sochii barreeffama guddina afaanichaaf gumaachan kaasa. Sabboontota Oromoof quuqama qaban kanneen yeroo duriirraa kaasanii hanga yeroo ammaatti jiran tokko tokkoon kaasuun akka yaadattuuf karaa siibana. Qabiyyeen boqonnaa kana jalatti ka’u inni biraan hiika jechootaati. Mammaaksis kana jalatti nihammatama.

- ✎ Afaan Oromoo afaan saba bal’aati. Ardii Afirikaa keessatti baay’ina dubbattoota ofkeessaa qabuun Afaan Arabaafi Suwaaliitti aanee sadarkaa sadaffaarratti argama. Hanga kana sadarkaa haaqabaatu malee guddina inni agarsiisaa as ga’e gadaanaa ture. Sababiin isaa ammoo hacuuccaa waggoota hedduuf irratti geggeeffameen ta’uusaa seenaan hindagatu.
- ✎ Yeroo ammaa kana barreessitoonni hedduun afaan kanaaf gumaachan jiraatanis yeroo durii namoota quuqama afaanichaa qaban muraasatu jiru turan. Sheek Bakirii Saaphaloo kanneen dura turan keessaa seenaan kan isa hindaganneedha. Gumaachi inni guddina afaanichaaf taasise adda ture. Afaan kun qubee mataasaa danda’e akka hinqabne, qubeen biroon immoo afaan kana ibsuuf ga’aa akka hintaane erga hubatee booda, qubee afaan kanaaf ta’u bocee hawaasa kana biraan ga’uuf yaaliin taasise milkaa’uu baatus, gumaacha olaanaa kana taasisee ture.
- ✎ Sheek Bakirii Saaphaloo duras kan turan gumaacha adda addaa taasisaniiru. Seenaa guddina Afaan Oromoo keessatti gumaachi isaanii ba’ee hinbarreeffamin malee, kanneen akka Oneesimos Nasib yookiin Abbaa Gammachiis, Asteer Gannoo, dhaabbilee adda addaa maqaa Saba Oromoon dhaabbataniifi beektotaafi hayyoota quuqama sabaa qabaniin hanga yeroo ammaatti kan jiran seenaan kan hindaganne nijiru.

Dubbisni boqonnaa kana jalatti kennameefi gilgalonni kanaan walqabsiisanii ka’anis akkati kitaaba Afaan Oromoon barreeffaman sakattaatuufi qabiyyee isaan ofkeessaa qaban dubbisaa himuu dandeessa. Barreessaan/tuun argamuuf dubbisuun murteessaafi seenaa beekuufis kan fayyadu akka ta’e shakkiin hinjiru.

Shaakala boqonnaa kana jalatti kitaaba barattootaa irratti siif kennaman irratti shaakaluun beekumsa waliigalaa argachuun sibaarbaachisa. Seenaa beekuuf tattaaffiin namni tokko kitaaba dubbisuuf taasisu baay'ee murteessaadha. Seenaa Sheek Bakirii Saaphaloo kitaaba irratti siifkennaman dabalatee kanneen biroo dubbisaa deemuun gilgaalota kennamanis haalaan dalagi. Seenaa jireenya nama dhuunfaa barreessuufi kan barreeffame ka'umsa godhachuun duraaduuba isaa eeguun barreessi.

Gaaffilee Shaakalaa

1. Barreeffamoota Afaan Oromoon barreeffaman hagam dubbistee beekta?
2. Mata duree kitaabota ati dubbistee maalfa'i?
3. Gosa kitaabota dubbistee keessaa irra jireessaan saay'insiidhamoo hojii barruu kalaqaati?

BOQONNAA KUDHA AFUR (14)

AFOOLA OROMOO

Boqonnaan kun akkuma mata duree irratti ka'e, waa'ee afoolaa (ogafaanii) kan ilaallatuudha. Ogafaan kana jalatti kan ramadaman goorowwan hedduun kan jiran yoo ta'u, kanneen keessaa muraasa isaanii boqonnaa kana jalatti nika'u. Qabiyyeewwan kunis;

- ▲ Mammaaksa
- ▲ Ciigoo
- ▲ Hibboo
- ▲ Jechama fi k.k.f.

Kanneen olitti ibsaman kun irra jireessaan boqonnaa kana jalatti nijabaatu.

Gaaffilee dursaa

- ① Maalummaa ogafaanii barreessi.
- ① Faay'idaan afoolaafi amaloota adda isa taasisan tarreessi.

14.1. Maalummaa Afoolaa (Ogafaanii)

Afoolli hiika murtaa'e kana jennee lafa keenyu dhibus hiika gabaabaa ta'e itti kennuun eegalla.

✎ Afoolli ykn ogafaan kalaqa sammuu hawaasaa ta'ee, afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuufi miidhagina addaa kan qabu sammuu si'eessufi kaka'umsa gaarii nama keessatti uumuuf ga'ee guddaa kan qabuudha. Akkasumsa afoolli ibsituu aadaafi calaqqisiistuu eenyummaa saba tokkooti. Kunis kan ibsu afoola beekuun jiruufi jireenya dhuunfaa ibsuurra darbanii kan hawaasaa beekuudha.

Faay'idaa Afoolaa – afoolli ibsituu, calaqqisiiftuu maalummaafi eenyummaa saba tokkooti. Kanaafuu, faay'idaan afoolaa hedduudha. Isaan keessaa:

- ➡ Afoolli daree barnoota afaanii keessatti meeshaa kaka'umsa uumuudha.
- ➡ Ogafaan dhaloota darbeefi kan ammaa akka riqichaatti walquunnamsiisuuf,
- ➡ Beekumsa sammuutti fayyadamanii waaxiinxaluu kan daa'imootaafi ga'eessotaa dabaluuf,
- ➡ Dhalli namaa jiruufi jireenya keessatti mudannoofi muuxannoo isaarraa waabarachuun beekumsa waa xiinxaluu akka gabbifatuufi k.k.f. hedduu tarreessuun nidanda'ama.

Amaloota Afoolaa – Afoolli hojiilee kalaqaa biroorraa wanti adda godhu nijiru. Kanneenis:

- ✓ Hurruubummaa qabaachuu
- ✓ Lufummaa qabaachuu
- ✓ Jijjiiramummaa qabaachuu
- ✓ Yoomessa qabaachuufi miidhagina qabaachuu isaaniiti.

Goorowwan Ogafaanii – Akkaataa dhiyeenya isaanii irratti hundaa'uun afoolli qoqqooddii adda addaa qaba. Kanneenie bakkeewwan gurguddoo lamatti qoodamu. Afwalaloofi Afseenaaa ta'u.

♣ **Afwalaloo** – gosoonni ogafaanii kun kanneen dhalootaa dhalootatti afaaniin darban ta'anii, bifa walalootiin kan dhiyaataniidha. Kanneenis: geerarsa, sirba jaalalaa, weedduu, sirba aadaa adda addaa, faaruu loonii, faaruu urursa daa'imaafi k.k.f. ta'u.

♣ **Afseenaa** – gosoota afoolaa ta'anii bifa seeneffamaatiin kan dhiyaataniidha. Kanneenis: oduu durii, mammaaksa, ciigoo, jechama, tapha ijoolleefi k.k.f. ta'u.

Kanneen dimshaashaan olitti kaasne muraasa isaanii akka daree qormaata afaaniif mijatutti kaasuuf yaalla.

☞ **Mammaaksa** – Mammaaksi gosa afoolaa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu ta’ee, irra jireessaan hawaasa keenya biratti kan beekamuufi hedduumina kan qabuudha. Sabni keenya yeroo baay’ee bu’aa mammaaksi qabu yeroo ibsu mammaaksumatti dhimma ba’uun “Aak jedhanii waa tufan; mammaakanii waa himan,” jechuun dubbata. Kana jechuun dubbiin yeroo dubbatamu mammaaksa yoo ta’e akka filatamu ibsa. Mammaaksi akka dubbiif dhama ta’e mirkaneessuufis, “Dubbiin mammaaksa hinqabneefi ittoon soogidda hinqabne hinminyaa’u,” jechuun faay’idaa mammaaksaa mirkaneessu.

Ergaawwan Mammaaksotaa – Mammaaksi yeroo mammaakamu ergaa dabarsuun barbaadameeftu jira. Ergaan mammaaksa darbu kunis callisee osoo hintaane, galumsa dubbii dubbatamu sanaa irratti hundaa’uuni. Ergaawwan kunneenis;

① **Obsa ibsuuf**- hawaasi kun yeroo itti ergaa akkasii waliif dabarsu, namni waan hojjetutti obsa kutachiisaa keessatti obsaan akka dabarsan itti himuufi.

Fakkeenya. Obsan malee, hinwarrooman.

Obsaan aannan goromsaa dhuga.

① **Abdii ibsuuf**- abdiin dhala namaaf barbaachisaa akka ta’e, sabni kun afoola isaatiin mirkaneessa.

Fakkeenya. Adurreen dallanu, eessuma daggalaa qaba.

Hoolaan gooftaa cimaa qabdu, duboo ala bulchiti.

① **Tokkummaa agarsiisuuf** – tokkummaan dhala namaa hundaaf akka barbaachisu ogafaan sabichaas nimirkaneessa. Falaasamni addunyaas nikaa’a.

Fakkeenya. Waliigalan alaa galan.

Jirbiin walgargaartee arba hiiti.

① **Jaalala agarsiisuuf** – jaalala qabaachuun hedduu akka barbaachisu afoolli Oromoo ni ibsa.

Fakkeenya. Jaalalli foonii raammoo nama kajeelchisa.

Warra waljaallatu dhiyaanni hinhanqatu.

① **Gaabbii ibsuuf** – gaabbiin erga waa darbee uumamu barbaachisaa akka hintaane ibsuun, gaabbuurrammoo dursanii hojjechuu akka barbaachisu afoolaan ibsu.

Fakkeenya. Eeboo darbatanii, jinfuu hinqabatani.

Waraabessaa darbe, sareen dutti.

① **Tuffii agarsiisuuf** – hawaasi keenya yeroo namni tokko dadhabina agarsiisu, tuffatee yookiin qeeqee sirreessuuf mammaaksatti dhimma ba’a.

Fakkeenya. Kan akka walii loon walitti yaafatti.

“Kan dhiqantu nama dhiqa,” jette waciitiin.

- ① **Hawwii ibsuuf** – waan tokko hawwuun nama tokko keessa akka jiru beekamaadha. Isuma kana hawaasi kun ogafaaniitti dhimma ba’ee ibsa.

Fakkeenya. Akka garaa harki surree hinmuru.

Daakaniif hinmarqanii; yaadaniif hinargani.

- ① **Fakkaachuu ibsuuf** – namni addunyaa kanaa jiraachuuf, waan hedduu taasisa. Isaan keessaa tokko gaarii ta’uu baatus, fakkaatee jiraachuu barbaada.

Fakkeenya. Gafarsi osoo loon fakkaatuu nama nyaata.

Allaattiin fira fakkaatee, simbira nyaatti.

- ① **Sodaa agarsiisuuf** – sodaan miira namaa keessatti kan fayyadu ta’uu baatus, namni uumamaan miira sodaa niagarsiisa. Kanas afoolaan yeroo fakkeenyaan ibsamu;

Leenca bosonaa baroodu, lafti asumatti rumti.

Namni bofa jiile, lootuu dheessa.

Ergaawwan kanneeniifi kanneen kana fakkaatan hedduu fayyadamuun sabni keenya ergaasaa mammaaksaan waliif qooda. Kanaan alattis daree qormaata afaaniif akka mijatutti mammaaksa mammaaksaan yookiin yaada sana fakkaatu gaafachuun xiinxaluun nidanda’ama.

Fakkeenyaaf. Hiika mammaaksa “Kan tuutaa wajjin hin nyaanne, hantuutaa wajjin nyaatti,” jedhuu; “kophaa nyaattuun, kophaa duuti,” kan jedhuudha.

Shaakala

Ergaa mammaaksota gaditti kennamaniif fakkeenya kan ta’aniif barreessi.

1. Obsa _____

2. Aantummaa _____

3. Cimina _____

4. Abshaalummaa _____

5. Tuffii _____

Ergaa mammaaksota gaditti kennamanii bakka duwwaa siif kenname irratti barreessuun deebisi.

1. Hantuuti adurreetti kofaltu, boola ofcinaa hin dhabdu. _____
2. Namni mana tokko ijaaru citaa walhin saamu. _____
3. Malaan bishaan waadu. _____
4. Miila lama qabaataniif, muka lama hinkorani. _____
5. “Nama ani ganna baasetu, manaa nabaase,” jette raafuun. _____

Shaakaloota kanaafi kan kana fakkaaatan biroo kitaabarraa ilaaluun hojjedhu.

Qabiyyeen barnootaa boqonnaa kana jalatti siif kenname gosa ogafaanii keessaa jechamaafi ciigoo akkasumas hibboodha.

Jechama – Jechamni gosa afoolaa keessaa tokko ta’ee, gabaabinaan kan beekamuufi hiika isa dhokataa soquun kan itti hawaasi fayyadamuudha. Hiiki dhokataan jechamaa hawaasa biratti haalaan nibeekama. Deddeebi’ees itti fayyadama. Yeroo jechamatti dhimma baanu, waan qabatamaa naannoo keenya, sochii ittiin taasifnu fayyadamuun jechamni ijaarama.

Fakkeenyaaf. Jechamoota kanneen akka:

- ➡ Harka qal’eessa – hiiki isaa furdinaafi qal’ina harkaa osoo hin taane, qabeenya hedduu kan hinqabne akka ta’e, agarsiisuuf dubbatama.
- ➡ Quba qaba – hiiki jechama kanaa qubi itti jiraachuufi dhibuu osoo hintaane, odeeffannoo waan tokkoo qabaachuu agarsiisa.
- ➡ Nyaara haaddatte – qaani wal’aaluu ibsuufi.
- ➡ Gaadidduu hinqabdu – salphoodha yookiin ulfinni irra hin jiru jechuudha.

Shaakalli jechamaaf kenname kitaaba barattootaa boqonnaa kudha afuriifi kudha shan keessaa akkasumas kitaabilee wabii dubbisuun dalagi.

Ciigoo – Ciigoon gosa afoola Oromoo keessaa tokko ta’ee, darbee darbee kan itti fayyadamaniifi hawaasa hunda biratti haala walfakkaatuun kan dhimma itti hin ba’amneedha. Kana jechuun namoota barataniifi hinbaranne biratti haalaan itti dhimma bahuuf garaagarummaatu jira jechuudha.

☞ Ciigoon dubbii dachaa ta’e kan ofkeessaa qabuufi bifa walaloo fakkaatuun kan dhiyaatuudha. Dubbiin dachaa ciigoo keessatti argamu hiika dhokataafi mul’ataa jedhamuun kan beekamuudha. Ciigoon qaamolee sadii ofkeessaa qaba. Kanneenis:

Dubbii Dachaa (Sobbooqoo) – sobbooqoon ciigoo keessatti hiika lama ofkeessatti qabatee kan jiruudha. Hiiki inni tokko dhokataafi kan biroon immoo ifaa kan ta’eedha. Yeroo baay’ee dubbii dachaa ciigoo sarara dhumaa irratti argama.

Soorgoo -- soorgoon ciigoo keessatti kan argamu ta’ee, hiika isa ifaa yookiin irra keessaan dubbii dachichaa ciigoo keessatti argamuudha.

Sookoo – sookoon ciigoo keessatti hiika dhokataa dubbii dachaa keessatti argamuuti. Hiiki sookoo dhokataa waan ta’eef, maloota adda addaa fayyadamuun dubbii dachaa sanaa xiinxaluun sookoo baasuun danda’amu keessaa;

☞ Ciigoo sana keessatti jecha dubbii dachaa sana dheeressuun yookiin gabaabsuun, laaffisuun ykn jabeessuun akkasumas sagalee irraa haquun ykn itti dabaluun sookoo baasuun nidanda’ama.

Fakkeenya. Kaleessa galgala yeroo xaafii haamtu

Natu sigargaare ati haamaa hinbeektu.

Sobbooqoon isaa – ati haamaa hinbeektu

Soorgoo – xaafii haamuu hinbeektu

Sookoo – hamaa hojjechuu hinbeektu

☞ Jecha dubbii dachaa ciigoo sanaa hiikasaa irra deddeebiin dubbisuun hiika lama kan qabu baasuun.

Fakkeenya. Hundan beeka jettee maaliif boonta cufa

Situ ofin beekne malee, caalaan amma dhufa.

Sobbooqoo – caalaan

Soorgoo – kan sicaalu

Sookoo – nama maqaansaa Caalaa jedhamu

☞ Jechoota dubbii dachaa ta'an sana walitti butuun ykn walirraa faffageessuun dubbisuun baasuu.

Fakkeenya. Intala ilkaan baddeessaa

Quba natty hinqabin namadeessaa.

Sobbooqoo – na madeessaa

Soorgoo – madaa natti uumaa

Soorgoo – mucaa deessaa

Barumsa biyya alaa osooma barannuu

Keessaa isa Kanaadaa tasa hinirraanfannuu.

Sobbooqoo – isa Kanaadaa

Soorgoo – isa biyya Kanaadaatti baranne

Sookoo – barumsa isa kan aadaa sana

Ciigoo keessaa haala kanaafi kan kana fakkaataniin sookoo yookiin hiika dhokataasaa baasuu dandeenya. Qabiyyee boqonnichaa keessaa kan biroon gosa afoolaa biroo hawaasi keenya itti fayyadamu keessaa oduun duriifi hibboon warreen biroota.

Gaaffilee Shaakalaa Boqonnichaa

Ciigowwan gaditti siif kennamaniif soorgoofi sookoo isaanii barreessiif.

1. Arsii miidhagduu biyya aannaniifi bunaa

Baalee Roobee jedhu gannaafi bonaa.

A. _____

B. _____

2. Daddarbaankee alanaa baay'ee ishee lafafe

Jechikee baranaammoo garaatti ishee hafe.

A. _____

B. _____

Hiika jechomoota gurraacheffamanii deebisi.

1. Mucayyoon osoo **quba hin qabaanne** dargaggootni itti nam'an.

A. hin naafatin

B. hin beekin

C. quba qabdu

D. beektu

2. Abbaan warraashee nama **gorora liqimse** dha.

A. hancufa dhuge

B. dulloome

C. nama guddaa

D. hayyuu

3. Lookoon abbaa ishee **gurra nyaatte**.

- A. Ciniinte B. Itti hasaaste C. Beeksiste D. Maqaa balleessite

4. Ajaa'iba! Intaloon **nyaara haaddatte**.

- A. muratte B. Of bareechite C. Qaanii dhiiste D. fokkiste

5. Disaasaan **garaa bal'ata**.

- A. garaa guddata B. moora qaba C. obsa qaba D. nama furdaa

BOQONNAA KUDHA SHAN

DURBA MORMA LAMAA

Qabiyyeen boqonnaa kanaa akkuma boqonnaa kudha afur keessatti ka'aa ture ogafaan adda addaa kan ofkeessatti qabatee jiruudha. Afoolli uummata keenyaa aadaasaafi eenyummaasaa ibsuutti dabalatee dandeettiwwan afaanii gurguddoo gabbisuuf kan ooluudha. Hawaasi keenya daa'imummaa isaaniirraa jalqabee dandeettii dubbachuufi waa yaaduu isaanii dabalaa akka deemaniif hibboofi oduu durii adda addaa itti himaa guddisa.

Boqonnaan kun qabiyyee oduu duriifi hibboo akkasumas jechamoota adda addaa akkaataa itti fayyadamtu karaa siqabsiisa.

✎ **Oduu Durii** – oduun durii seenaa addunyaa kana keessatti bara dheeraa dura raawwate seenessa. Taatewwan raawwataman dhugaarratti hundaa'u. namfakkiileen achi keessa jiran waanuma namni addunyaa kana irratti raawwachuu danda'u raawwatu. Akka kanaan gowwaa ykn abshaala, jaalala/ jibba, dheeraa/ gabaabaa, ... jechoota jedhamaniin guutamanii jiru. Irra caalaa kan yaada namaa hawwatu garuu, gowwummaa, abshaalummaafi sossobamuu namoota sanaati. Ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosama gabaabaadhaan walfakkaatu. Fakkeenya oduu durii hawaasi keenya ittiin dubbataa ergaa waliif dabarsaa ture akka fakkeenyaatti ilaaluun nidanda'ama.

Arbaafi bineensota afur arbi tokko osoo karaa deemaa jiruu, qilee garba qabu tokko argee waan dheeboteef, bishaanicha dhuguu kajelee. Qilicha gad ilaalaa qarqara isaarra gangalachuu eegale. Osuma jedhuu qilicha keessatti lafa dha'ee dheebuu isaa ba'uu itti fufe. Isaa galaanicha keessaa

dorrottaa'ee ciisuu, waraabeyyiin baay'ee beela'an afur itti dufan. Jara keessaa inni tokko, "Asumaa gad utaallee arbicharratti kufnee nyaanna," jedheen. Inni lammaffaan ammoo, 'Qilicha keessaa karaa kam yaana?" jechuun gaafate . Waraabessi inni sadaffaan yoo deebisuuf, "Kan nyaannu arba; kan dhugnu garba; maal barbaacha yaana ?" jedheen. Kan afraffaa ammoo, "Arbis nidhuma ; garbis nigu'a; waan hiree keenyaa baadheerra yaanee corachuu wayya malee arba ilaallee qileetti dhumuu hinqabnu," jedheen.

Waraabeyyiin warri duraa sadan waan inni afraffaan itti hime kana didanii arba nyaachuuf murteessan . Inni garuu ammallee irra deebi'ee, "Waa dhaqaa malee waa galaa Waaqatu beeka; lakkii isinitti haa hafuu; wanti hindhumne hinjiru: lama tokko nyaata; tokko tokko nyaata; kan hafe allaattiitu nyaata," jedhee waan ta'uuf jiru raaguun itti hime. Isaan garuu, kana hubachuu hindandeenye. Kanuma har'aa ilaalanii arba nyaachuuf qilee bu'an. Inni afuraaffaan biraa deemee hanga turu turee deebi'ee waan isaan ta'an ilaaluuf yoo dhufu, arbicha nyaatanii fixuu ga'anii jiru. Garbichis gu'uu gahee jira. Kana mara ilaalee garaa isaatti, "Hima diddu, du'a hindiddu? jechaa biraa deeme.

Xiqqoo turee yoo deebi'u, arbas garbas fixanii isaanii wallolaa jiru argee biraa kute. Ammas xiqqoo turee yoo deebi'u, waraabessi tokko hinjiru. Achumaan itti lallabee "Attaam jirtan?" jedheen. Isaaniis, "Arbis dhume, garbis gu'ee, kan ati jette sun ga'ee" jechuun sagalee gaabbiitiin deebiisaniif. Si'a sadaffaa marfatee biraa kute. Gaafa biraa yoo deebi'u, tokko tokko nyaatee, kan hafe allaattiin irra marsaa jira. Osuma inni ilaalu allaattiin guddaan tokko irra qubatee uuruu isaatiin mataa isaa keessa waraane. Innis "An duraanuu isin gorse; warri isin hingorsin isin haagorsani kunoo," jedhe jedhama.

Shaakala

1. Ergaan sheekkoo kanaa maali?
2. Arbi, galaanniifi allaattiin haala hawaasa qabatamaa keessatti maal bakka bu'u?
3. Waraabeyyii warra duraa sadaniifi isa afraffaa akkamitti ilaalta?
4. Mammaaksonni sheekkicha keessaa bahan kunneen ergaa maalii qabu?
 - A. Waa dhaqaa malee waa gala hinbeekan
 - B. Hima diddu, du'a hindiddu.
5. Waraabessi inni afraffaan maaliif deddeebi'ee warra qilee bu'e ilaala?

🦋 **Hibboo** – Hibboon afoola keessaa tokko ta’ee, afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuufi bifa gaaffiifi deebiin kan dhiyaatuudha. Gareen tokko yeroo gaafatu, gareen biro immoo nideebisa. As keessatti himni tokko akka gaaffiitti yeroo dhiyaatu, himni biroon immoo akka deebiitti ergaa dhokataan keessa ruuqamee dhiyaata. Himoota gaaffiifi deebii gidduu ammoo walqixxummaa yaadaatu jira. Kanaafuu, hibboon tapha garlamee sammuu nama qoruuf taphatamu jechuunm nidanda’ama. Hibboon bu’aan inni uummata Oromoof qabu: sammuu daa’immanii irraa kaasee hanga nama guddaatti dadammaqsuuf, guddisuuf, loojikiidhaan waa qolachuu akka danda’an gochuuf, yaada tokko bal’isanii ibsuuf, waa’ee namaa, bineensotaafi naannoo sirriitti akka hubatan gargaaruu keessatti bakka guddaa qaba.

Namni gaafatu sun gaafatee deebii yoodhabe, innis ni qeeqama yookiin niarrabsama. Sababii kanaaf, dhimmee deebiisaa barbaada. Waldorgommii ho’aatu jira. Fakkeenya hibboo Oromoo keessa jiru tokko tokko akka fakkeenyaatti ilaaluun nidanda’ama.

1. Hibboo: shok hinjedhuu; shokok hinjedhuu ce’ee ba’e.
Deebii: yaada
2. Hibboo: Bishaan osoo hinroobin burqe; osoo hingoggogin dhume.
Deebii: Imimmaan
3. Hibboo: Aabba ijoollee shan qaba; shananuu walbira jiraatu.
Deebii: quba harkaa

Gaaffilee Shaakala Boqonnichaa

Gaaffilee gaditti siifkennamaniif qubee deebii sirrii qabatee jiru filachuun deebisi.

1. Wajjumaan nyaannaa maaf huqqatta?
A. harka B. fal’aana C. hiriyyaa D. afaan
2. Ciisu akka reeffaa; ka’u akka leencaa.
A. leenca B. abbaawarraa C. qawwee D. boombii
3. Takka dhayeen si albaase.
A. fincaan B. lun’a C. xaaffii D. gingilchaa
4. Hoxxee gamaa balballi lama.
A. funyaan B. ija C. gurra D. miila

BOQONNAA KUDHA JA'A (16)**GAABBII**

Kaayyoon boqonnaa kanaa inni olaanaan ogbarruu ilaalchisee kanneen barreeffama ogbarruu keessatti argaman xiinxaluun ibsuudha. Qabiyyee kana jalatti;

- ☒ Asoosama
- ☒ Hiika jechootaafi
- ☒ Dubbiin qolaa nika'u.

Gaaffilee Itti Gala Boqonnichaaf Oolan;

- ◆ Ogbarruun maali? Barreeffama akkamiitu ogbarruu jedhama?
- ◆ Caacculee asoosamni qabu tarreessi.
- ◆ Maalummaa malleen dubbiifi gosoota isaanii ibsi.

16.1. Ogbarruu

- ✎ Ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee, jechoota filatamoodhaan yaad barbaade afaaniinis ta'ee, barreeffamaan mi'eessee miidhagsee kan dhiyeessuudha. Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa, ogummaafi dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenyaa, akkasumas dhageettii keessoo ofii, gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsataniidha. Akka kanaan barreeffamni holooloofi bifa walaloon dhiyaatan hojii kalaqaa taanaan ogbarruu jala galu. Asoosamni, ogwalaloofi do'iin ogbarruu jalatti ilaalamu.
- ✎ **Asoosama** – Asoosamni gosa ogbarruu barreeffamaa bifa holooloon keessaa tokko ta'ee, kan barreessaan gochaalee addunyaa haqaa keessatti namoota hawaasa keessa jiraataniin raawwataman ykn raawwatamuu danda'an bu'uura godhachuun akka hubannoofi muuxannoo isaatti qindeessee kan barreessuudha. Asoosamni fakkii lubbu-qabeessa yaanni sammuu barreessitoota keessaa madde ykn gochaaleen dhuguma raawwataman barreessitootaan uumamanii mudannoofi gochaalee adda addaa seenessuuf kan gargaaruudha.

Caacculee ykn Ruqoota Asoosamaa – caacculeen asoosamaa asoosamni yeroo barreeffamu kanneen asoosama tokkotti lubbuu horuun hojii kalaqaa ta'uusaa agarsiisaniifi ulaagaa asoosamichaa madaalsisaniidha. Kanneen gaditti tarraa'an ta'u:

- **Sabseena (jaargocha):** Sabseenaan ykn jaargochi jechoota sababaafi seenaa ykn ijaarsa /caaseeffama/ gochaa jedhaman irraa kan ijaarame yoo ta'u, innis haala ijaarsa jalqabbii, adeemsaafi raawwii seenaa asoosamaati. Kanneen dubbistoonni asoosamaa yeroo dubbisan maal arguuf jedhanii taatee itti aanu bira ga'uuf ariifatan jaargocha asoosama sanaati. Tartiibni sabseenaas seensa, finiina, bantii miiraa, furmaataafi xumura dha.
- **Qooddataa:** Qooddataan namfakkiiwwan asoosaan yaadargaan uumuudha.
- **Waldhabbii:** Waldhabbiin walitti bu'iinsa qooddattoota asoosamaa gidduutti mul'atuudha. Innis waldhabbii namni uumama, haala, hawaasaafi ofiisaa waliin taasisu ta'uu danda'a.
- **Yoomeessa:** Yoomeessi jechoota yoomiifi eessa jedhaman irraa kan camadame yoo ta'u, innis seenaan asoosamichaa bakkaafi yeroo kamitti akka raawwatame kan mul'isuu dha.
- **Ija ittiin seeneeffamu:** Miseensi kun gita seenaan ittiin dhiyaatuudha. Innis kallattii seeneessa 1^{ffaa}, 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} ta'a. Garuu, gitni 2^{ffaa} haasa ykn waliin dubbii qooddattoota giddutti adeemsifamu waan ta'eef yeroo baay'ee hinmul'atu.
- **Dhaamsa:** dhaamsi ergaa jabaa dhuma seenaa asoosamaa irratti hubatamuudha.

Gosoota asoosamaa -- Asoosamni bakka gurguddoo lamatti qoodama.

✚ **Asoosama gabaabaa --** Gosti asoosamaa kun xumuraaf kan ariifatu, kan wal hin xaxne, fi galma, ijoo dubbii fi muudannoo tokko, amala hurrubummaa, yeroo murtaa'aafi miseensota muraasa kan qabuudha.

✚ **Asoosama dheeraa --** Asoosamni dheeraan asoosama gabaabaa caalaa miseensota/ruqoota asoosamaa qaba. Kunis sabseenni, qooddattootni, yoomeessi, dhaamsi, waldhabbii, fi garumsi/kallattii ittiin seeneeffamu kan asoosama gabaabaa keessatti argamu muraasa yoo ta'an, asoosama dheeraa keessatti immoo ni heddummatu jechuudha.

Dubbii Qolaa ykn Malleen Dubbii (Sadoommii)

✚ Dubbiin qolaa gosa ogafaanii ykn afoolaa keessaa tokko ta'ee, maanguddoonni Oromoo durii afaaniin, barreessitoonni jabanaa asoosama, do'ii ykn diraamaa, walaloofi barreeffama hololoo isaanii keessatti dhimma itti bahu. Malleen dubbii kunneenis haasaan yookaan barreeffamni keenya qulqullina akka qabaatu kan godhan, ergaa barreeffamoota ogbarruu cimsuuf kan tajaajilan, miira kan kakaasan, midhaagina kan gonfachiisan, ergaan dabru sammuudhaa akka hin banneefi hin irraanfatamne kan taasisanii dha.

☞ Faay’idaa dubbii qolaa qabu, dubbii yookaan barreeffama keessatti sagalee akka rasaasaa dhuka’u uumuun miidhaksee miira namaa kakaasuun akka ergaa hubatan nama taasisa. Miira keessa namaa jiru ibsachuuf bakka guddaa qaba. Dubbii tokko alkallatiin ibsachuuf namoonni baay’een sadarkaa adda addaatti dhimma itti bahu. Malleen dubbii kanneen gaditti tarreeffama fakkeenya isaanii waliin ilaali.

☞ **Akkasaa (akkee)** -- Gosti dubbii qolaa kun wantoota lama yookaan isaa ol kan uumamaan tokko hin taane amala isaanii jechoota **akka,fakkaata**yookaan **hamma/hanga/** jedhamanitti fayyadamuun walbira qabuun walmadaalchisuudha.

Fkn: Ilkaan ishee aannan fakkaata.

Harki ishee akka cabbii qorra.

☞ **Bakka buusa/ bakkasaa/ iddeesa** – amala waan tokkoo waan birootiif kenninee karaa alkallattii ta’een bakka buusuudha. Akkuma akkasaa iddeessis walfakkeenya wantoota lamaafi lamaa olii ibsa. Garuu mala dubbii kana keessatti jechoota ittiin waldorgomsiisan hin fayyadamnu.

Fkn: Oromoon kanniisa.

Gurbaan sun cululleedha.

Isheen lubbuu kooti.

☞ **Atee (ateessa)** -- Uumama nama hin taanetti, akka namaatti yoo itti haasofnu yookiin itti dubbannuudha. Garuu, uumamni sun haasa keenyaaf deebii kennu hinqabu.Yeroo baay’ee miira gaddaa, naasuufi aariin guutame keessatti kan itti fayyadamnuudha.

Fkn: Yaa tulluu nana atumti na oolchi.

Hara Danbal harka natti hiixadhu.

☞ **Nameessa** – Amala ilma namaa uumama biroof kennuudha; uumamni biro sunis amala ilma namaa gonfatee akka namaatti haasa’a, iyya, boo’a, gadda, hojjata, fik.k.f.

Fkn: “Kan garaa malee kan maqaa yoom nu dhibe ,” jedhe waraabeessi.

“Yaa afaan” jette funyaan.

“Saree sodanne malee, boqqoolloo argineerra,” jedhe jaldeessi.

☞ **Gurra guddisuu /ukukkubee/arbeessuu** -- Amala wanti tokko uumama isaatiin qaburratti daballee gurra guddisuun yeroo dubbatamuudha.

Fkn. Ililleen qaqa harcaase

Mannisaa arba gulufsiisa.

- ➔ Anyarsuu ykn busheessuu -- amala wanti tokko uumama isaatiin qaburraa gadi-buusuun ykn busheessuun yoo dhiyeessinuudha. Akkasumas waan hawaasaan fudhatama hin qabneefi jibbamaa ta'e tokko, akka hin raawwanne kan taasisuufi barsiisuudha.
Fkn. Qallattee lilmoo taate.
Ilkaan hin qabdu, rigaa harkaa hin dhabdu.
- ➔ Habalaka – afaaniin qofa faallaa waan yaadaa jirruu haasa'uu dha. Innis bifa qoosaafi nama kofalchiisuutiin dubbatamuu danda'a.
Fkn: Daa'ima waa balleesseen, haatisaa, “Ishoo waan gaarii naaf hojjattee ittuma fufi,” jetti.
Nama gabaabaan '**birbirsoo**'; nama gurraachaan immoo '**faranjoo**' jechuu.
- ➔ Mitihee (eemitii) sob-dhugaa – Yaadotni lama kan walfaallessan irra keessaan soba fakkaatanii waan dhugaa ta'e yoo dabarsaniidha.
Fkn. Otumaa ilaaluu hin argu.
Ni nyaata; hinguufu.
- ➔ Fakkoommii – Wanti tokko akka mallattootti waan birootiin kan beekamuufi ergaa waan sanaa kan dabarsu yoo ta'eedha.
Fkn: dukkana→doofummaa; Ifa→qarooma; bokkuu→aangoo;
- ➔ Maqsuu – dubbiin qolaa kun jechootaafi gaaleewwan sirrii ta'an caalaa jechoota sasalphoofi gammachiisaafi alkallattii fayyadama. Safuu/taboo/ eegu ofkeessaa qaba.
Fkn. Bakakkaa jechuurra waan rooba keessaa jedhu.

Gaaffilee Shaakalaa Boqonnichaa

Gaaffilee gaditti siifkennamaniif qubee deebii sirrii qabatee jiru filii deebisi.

1. “Kan garaa malee, kan maqaa yoom nu dhibe,” jedhe waraabeessi.
A. mitihee B. gurra guddisa C. nameessa D. bakka buusa
2. Dabbasaan mucayyoo eegee fardaa fakkaata.
A. akkee B. iddeesa C. ukukkubsee D. arbeessoo
3. “Boorri koo yoo areeddu konkolaataan qixa!” jedhe garmaamtuun tokko.
A. akkasaa B. mitihee C. arbeessuu D. anyarsuu
4. Namittiin gabaabduun sun yoo deemtu, lafarra munyuuqxi.
A. akkee B. bakkasaa C. mitihee D. anyarsuu
5. Caalaan abidda saafaati.
A. bakkasaa B. mitihee C. ukukkubee D. arbeessoo

BOQONNAA KUDHA TORBA**XALAYAA**

Kaayyoon boqonnaa kanaa, xalayaa barreessuufi gosoota isaafi qaamolee xalayaa keessa jiru ibsuufi shaakaloota dandeettii afaanii gabbisaniifi qubguddeessatti akkamiin akka fayyadamtu quba siqabsiisa.

18.1. Xalayaa

✎ Xalayaan gosa barruu kan dhaamsa barbaadame karaa barreeffamaatiin ergaa ittiin dabarfatanii dha. Xalayaan kunis xalayaa hiriyyaa, gaddaa, afeerraa, gammachuu, odeeffannoofi iyyannoo jedhamuun bakka adda addaatti qoodama. Haa ta'uu malee xalayaalee kanneen bakka gurguddoo lamatti qooduu nidandeenya. Walumaagalatti, xalayaaleen kunneen barreeffamaan dhiyaachuu isaaniitiin, ergaa dabarsuu isaaniitiin, addaan fageenya iddootiin kan hindaangeffamne ta'uu fi k.k.f. walfakkeenya qabu.

Xalayaa dhuunfaa – gosti xalayaa kun kaayyoo ykn ergaa qaamota dhuunfaa gidduutti adeemsifamu irratti hundaa'ee, xalayaalee akka hiriyyaa, michuu, gaddaa, afeerraafi gammachuu fa'a hammachuu nidanda'a. Xalayaan dhuunfaa ykn hiriyyaa yommuu barreeffamu jechoota alidileetti fayyadamuu danda'a; nagaa gaaffii qaba; lakkoofsaafi chaappaa hin qabu.

Xalayaa hojii – Xalayaan hojii xalayaalee dhimma hojii irratti hundaa'anii barreeffamaniidha. Qabiyyee xalayichaa irratti hundaa'amees xalayootni akka gaddaa, afeerraa, gammachuu, odeeffannoofi iyyannoo xalayaa hojii jalatti ramadamu. Xalayaan hojiifi dhuunfaa kaayyoo isaaniitiin adda adda dha. Xalayaan hojii dhimma hojii irratti kan barreeffamuudha. Innis jechoota idileetti fayyadama; lakkoofsa, galmeefi chaappaa niqabaata. Akkuma beekamu xalayaan odeeffannoo, iyyannoofi k.k.f. xalayaa hojiiti.

Kutaalee Xalayaa – Xalayaa barreessuun dhimma ogummaafi muuxannoo gaafatuudha. Gosonni xalayootaa hedduun waan jiraniif, xalayaa barreessuun isaa kana jedhanii barreessuun baay'ee rakkisaadha, wantoota xalayaa keessatti ijoo ta'an yoo akka itti barreessan yoo barama gahaadha.

A. Teessoo: Teessoon xalayootaa kan barreeffamu jidduutti hiquun yoo ta'u, maqaa namicha ergamuufi, aanagoo, maqaa waajjiraa/dhaabbatichaa/ yoo namicha barreessituuf hinbeekne iddoo duwwaa yookiin aangoo isaan qabaniin barreessuu.

Fkn. Itti gaafatamaa humna namaa

- B. Nagaa Gaaffii. Kutaan kun iddoo itti kabajamaa Obbo Ebelu jennee eegaluudha.
- C. Keeyyata seensaa. Kutaa kana jalatti waan xalayaa barreessinuuf iddoo itti ibsinuudha yookiin dhimma barreessinuuf iddoo itti kaasnuudha.
- D. Qaama xalayaa. Kutaan kun seensa xalayaarratti hundaa'uun kan bal'achaa dhufuudha.
- E. Xumura xalayaa. Iddoo kanatti waan jechuu barbaaddu hunda iddoo itti jettee xumurtuudha

Hiriyaa koo/too

Jaalallee koo/too

Obboleessaa kee/ Obboleettii tee

BOQONNAA KUDHA SADDET (18)

BARREEFFAMA ODEEFFANNOO (WABIITTI FAYYADAMUU)

Qabiyyeen boqonnaa kanaa, tooftaalee barattoonni ittiin barreeffamoota ykn wabiilee adda addaatti fayyadamanii odeeffannoo dhuunfaafi barnootaa argachuuf danda'an kan qabsiiuudha.

Barreeffamoonni wabii- hubannoofi barnoota idilee cimsuuf ykn gabbisuuf fuulleffatanii barreessitootaan kan barreeffamaniidha. Barreessitoonnis kaka'umsaafi beekumsa mata duree ykn koorsii sanarratti qabanirraa ka'uun barreessu. Barreeffamoota sadarkaa isaanii eeggatanii barreeffaman kana callifamee osoo hintaane maloota ittiin argachuu dandeenyu nijiru. Sababiin isaa barbaachisummaa isaaniirraa kan ka'e dhimmamtoota baay'een waan barbaadamaniif.

Barreeffamoonni wabii karaalee adda addaa dhiyaatu. Isaan keessaa manni kitaabaa ykn kuusaan itti argama kitaabota adda addaa dubbisaaf adda ba'anii taa'anii isa tokko. Barattoonni barnoota isaaniitti cimanii hojjechuuf odeeffannoo barsiisonni kutaatti kennaniifiin alatti bakka itti argama odeeffannoo kan ta'an mana dubbisa kitaabaa nideemu. Sadarkaadhuma biyya keenyaattis manni kitaabaa ga'aa ta'uu haabaatu malee manneen barnootaafi iddoo birootti niargamu.

Odeeffannoon mana dubbisaatii argamu akka barbaadameen dafee argamuu dhiisuu mala. Yeroon barattootaa immoo haalaan daanga'aadha. Maloota ittiin argannu kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa salgaaffarraa ilaalu dandeessu.

GAAFFILEE AKKAYYAA (MOODELAA) QABIYYEE BARNOOTA SEMISTEERAA

Gaaffilee gaditti siif kennaman afoola adda addaa irratti waan hundaa'aniif akkaataa gaafatamteen deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Yaa gootota keenya: Sheekbakrii Saaphaloo, Abbaa Gammachiis, Abdiisaa Aagaa, Agarii Tulluu, Jeneraal Waaqoo Guutuu, Jeneraal Taaddee Birruu, Jaagamaa Keelloo, Jaagamaa Badhaanee, Alamaayyoo Garbaafi kanneen biroos hunda keessan yoomiyyuu sin yaadanna. Seenaan sin hindagattu. Booree nutti dhiiftanii dabartan. Boolla keessan daadhiin yaa guutu. Yaanni armaan olii kun malleen dubbii kamiin dhiyaate?
A. Nameessa B. arbeessa C. ateessa D. gurra xiqqeessa
2. Ani sanyii leencaati jirti onneen koo
Isheen durii kan abbaa koo
Afwalaloo kun malleen dubbii kam of keessaa qaba?
A. Arbeessa B. iddeessa C. mitihee D. habalaka
3. Himoota armaan gaditti tarreeffaman keessaa kan sadoommiin(malleen dubbii) isaa nameessa ta'e kami?
A. Bishaan lagaa fakkaatti.
B. "Madaa keenyatu lafa bade," jette jaldeessi.
C. "Yaa Rabbi," jette intalli afaan qabatee.
D. Dhufeen si dhabe jechuurra manattan si arge jechuu.
4. Gurrissaa hafarsaa midhaaniin walqixxee dha. Gosti dubbii qolaa as keessa jiru kami?
A. anyarsee B. mitihee C. arbeessuu D. bakkasaa
5. Gurraa qaba A. beekamaadha B. dhaga'eera C. kabaja qaba D. oduu guura

6. Ciimmaa haqate A. fuula dhigate B. hirriibaa ka'e C. bayyaannate D. bareede
7. Qalbiitu rarra'e. Jechamni kun hiiki isaa,
A. waan hunda kajeelle B. obsa dadhabe C. waa hunda dagate D. baay'ee jarjare
8. 'Rigaa mureef' kan jedhu hiika maalii qaba?
A. jaallate B. hawwate C. galchate D. gaafate
9. (a). Kuduraafi muduraan karaarra guuteeraa
Amma bitaa galtaa yaa mucaa jarjaraa
(b) Biyya dhadhaaf dammaa kan daangaa Amuruu
Gidda gidduu lafaa kan moggaa taa'u hinjiruu
Sobbooqoon ciigoo (a) jala jiruu kami ta'a?
A. Karaarra B. jarjaraa C. amma D. bitaa galtaa
10. Soorgoon ciigoo (b) maal ta'a?
A. Hunduu gidduu taa'uu C. Gidda walakkaa lafaatti argamti
B. Namaarraa injiraan funaanu D. Amuruufi Giddi ollaa waliiti
11. Sookoon ciigoo (a) jalaa maal ta'a?
A. Nibitatta B. Nimuddamtaa C. Nidhabamsiifamtaa D. amma niguurratta.
12. Callaan manaa dhume
Arfaasaa maal goota
Awwaara siphatee
Garbuu birraa qotaa. Ciigoo kana keessatti sookoon isaa maal ta'a?
A. Garbicha qotiisa qotu B. akaakuu callaa C. lafa qonnaati D. bonaa ganna
13. Mammaaksa "Tikseen taakkuu dhiistee dhundhuma dhaqxi" jedhuuf hiika ta'uu kan danda'u kami?
A. Yaada malee iji hin argu. C. Harkaan gatee miilaan barbaade.
B. Akka beekan haadu jette moluun. D. Kan ayyana saree dhalate osoo kajeeluu du'a.
14. Quufan malee hin utaalan _____. Gaaleen bakka duwwaa kana guutuu taasisu kami?
A. utaalan malee hin ce'an C. dhugan malee hin machaa'an
B. utaalan malee hin caban D. bulan malee hin galan

15. Kan harree manaa hinqabne farda namaa tuffatti,” mammaaksa jedhuun hiika walfakkaatu kan qabu kami?
- A. Barcumaafi kabaja abbaatu of jala baata.
B. Harree gowwaan wareebessa gaggeessaa deemti.
C. Adurreen aannan dhugdeet sareetti afaan haqatti.
D. Daaraan daakuutti kofalti.
16. Mammaaksi adda ta’e kami?
- A. Gowwaa kofalchiisanii ilkaan lakkaa’u.
B. Ganna baatii sadiif bofaafi buutii wajjiin jiraatu.
C. Hamma farda bira ga’anitt harree yaabatu.
D. Baranaaf malee sombi kan sareeti.
17. Qoraan mooraa guute waan bobeeessan dhabne. Deebiin hibboo kanaa maal ta’a?
- A. gaafa horii B. biqila C. faaqqee D. qajjisa
18. Deebiin dhiibboo, ‘ Harbuun rarraate; qunkeen maramte; qilee afaan buute” jedhuu kam ta’a?
- A. Mucha, gaadiifi okoleee
B. Jabanaa, bunaafi isinii
C. Biddeena, harkaafi qoonqoo
D. Marqaa, fal’aanaafi qoonqoo
19. Obbo Gurmeessaan galaa qopheeffatanii karaa fagoo deemuuf ka’anii jennaan, haati warraasaa aaddee Kuulaniin, “Karaan dugda lukkuu siif haat’u”yemmuu jettu ollaaansaa ammoo obbo Jabeessaan “Karaan ribuu abidda buute siif yaata’u” jedheen. Akka yaada kanaatti **riibuu abidda buute** jechuun
- A. Of duuba hindeebiin C. siif haadheeratu
B. Badii hafi D. siif haagabaabbatu
20. Waraabessa darbe sareen dutti. Ergaa mammaaksa kanaatiin kan walfakkaatu;
- A. Qoreen abbuma dhaabe waraanti.
B. Ganna darbeef mana hin ijaaran.
C. Muka jigetti qottoon ni hammaatti.
D. Akka cabanitti hokkolu.

Gaaffilee gaditti kennamaniif qubee deebii sirrii qabatee jiru filachuun deebisi.

21. Kanneen armaan gadii keessaa gosti himasaa tajaajila irratti hundaa'ee adda kan ta'e kami?

- A. Fardi sakaallaa kute.
- B. Barsiisaan inni kaleessaa sun har'a asiin darbe.
- C. Akka har'a hojjetan bor jiraatu.
- D. Waanofiin dareesaa keessaa tokkoffaa bahe.

22. Waa'ee xalayaa hojii ilaalchisee kan soba ta'e kami?

- A. Xalayyaa iyyannoo dhiyeeffachuuf namni dhuunfaan waajjiraaf barreessuu dha.
- B. Xalayyaa waajjirri waajjiraaf barreessuu dha.
- C. Xalayaa ajajaafi qajeelfama dabarsuuf barreeffamuu dha.
- D. Xalayaa maatiif barreeffamuu dha.

23. Dugda poostaa irratti teessoon qaama xalayaan itti ergamuu eessatti barreeffama?

- A. miiljaalee gara mirgaan
- C. gara olii gara mirgaan
- B. miiljaalee gara bitaan
- D. gara olii gara bitaan

24. Filannoo armaan gadii keessaa akkaataa tartiiba jechoonni galmee jechootaa keessatti qabaachuu qaban kan hordofe kami?

- A. Miira, miiltoo, mirga, mooraa, mala
- C. Mala, miira, miiltoo, mirga, mooraa
- B. Mala, miiltoo, miira, mirga, mooraa
- D. mala, miiltoo, mirga, miira, mooraa

25. “Osoo jabaatanii qo'atanii qabxii gaarii nifidu,” hima jedhu keessatti matima kan ta'u kami?

- A. isin
- B. isaan
- C. qabxii
- D. osoo

26. Gaaffii “Himni waa'ee matimaa ilaalchisee maal jedha?” jedhuuf deebii kan ta'u kami?

- A. Matima
- B. aantima
- C. gochibsa
- D. gochima

27. Waa'ee durduubee ilaalchisee kamtu dhugaadha?

- A. Durduubee hundi qabiyyee mataaasaanii niqabu.
- B. Durduubee hundi bu'uura uumamteefi hortee nita'u.
- C. Durduubee hundi qofaasaanii gaalee nita'u.
- D. Durduubee hundi tajaajila adda addaatiif ni'oolu.

28. Oromoon dhimmi isa ilaallatu mara caayaa odaa jalatti mariin hiikaa ture. Hiikni jecha “caayaa” jedhu maalta’a?
- A. damee B. gaaddisa C. hidda D. baala
29. Haala tajaajila isaaniitiin walqabsiistota armaan gadii keessaa kan adda ta’e kami?
- A. akkuma B. haaluma kanaan C. kana malees D. ta’us
30. Faay’idaa tuqlamee kan ta’e kami?
- A. Fuula kitaabaa, boqonnaafi bara itti barreeffame adda baasuuf
- B. Wantoota tarreeffaman dura gala.
- C. Bara kitaabni itti ba’eefi fuulasaa adda baasuuf
- D. Hunduu deebii dha.
31. Tuluu Diimtuun, **inni** magaalaa Aqaaqii gaara irra jiru biyyoo diimaan keessaa hammaaramaa jira. Bamqaan gurraacheffame maal ibsa?
- A. Magaala Aqaaqii C. Tulluu Diimtuu
- B. Biyyooo diimaa D. Diimtuu
32. Dogoggora Sirna tuqaalee kan qabu kami?
- A. Osoo rafuu, sa’aatii 2:30 natti gahe.
- B. Yoo ciisu akka reeffaa; yoo ka’u akka leencaa.
- C. Kitaabichi, inni ati narraa ergifattee dubbisaa turte, najalaa bade.
- D. Galgaloon kutaa 9,12tti afaan oromo barsiisa
33. Kanneen armaan gadi keessa tokko amala keeyyayataa miti?
- A. Wal ta’iinsa B. Tokkummaa C. Guutummaa D. Hima ijoo
34. Suuta deeman suuta qoreen nama waraanti. Matimni hima kanaa jecha kam ta’a?
- A. suuta B. qoree C. nama D. waraanti
35. Himoota armaan gadiitti kennaman keessaa kamtu hima raajeffannooti?
- A. Maal namni akkanaa! C. Bishaan bu’uura jireenya lubbu qabeeyyiiti.
- B. Ati yoom as geesse? D. Of adabii taa’i!
36. Kanneen gadii keessaa gosa jechoota tajaajila gochibsaa raawwatan irratti hundaa’ee kan adda ta’e kami?
- A. miilana B. qaata C. yeroo D. har’aafi bor

37. Jaallataan uummatasaa gargaaruuf fedhiidhaan waadaa seene. Hima kana keessatti jechi tajaajila gochibsaatiif galtu gosa gochibsa isa kamii taati?
 A. bakka B. yeroo C. akkaataa D. irra deddeebii
38. Sangaa jennee, sangoota yoo jenne, funyaan jennee _____ jenna.
 A. Funyaan B. funyeen C. funyoota D. funyaanota
39. Kanneen armaan gadii keessaa jecha nyaachuu jedhutti hidhamuu kan hin dandeenye kami?
 A. maqaa B. gurra C. galfata D. funyaan
40. Dokteeronni dhukkubsattoota hedduu vaayiresiin qabaman yaalan. Himni kun hima;
 A. Hima gaaffii B. Hima ajajaa C. Hima raajeffannoo D. Hima himamsaa
41. Kaayyoo guddaa of duraa qabna. _____ ummata keenyaa argannaan bakka yaanne akka ga'uu dandeenyu shakkii hin qabnu. Jechi bakka duwwaatti galuu danda'u kami?
 A. Gumaa B. Seenaa C. Tumsa D. hunduma

Geerarsa gaditti siif dhiyaate irratti hundaa'uun gaaffilee itti aanan deebisi.

Abbabaa garaa gaafaa
 Akka maar'ataa saafaa
 Sitti hin bane qalloonkee
 Qalloon garaa gaaguraa
 Kan hundumaafuu firaa
 Maaltu lilmoo nagadaa
 Jaarsa arabaa malee
 Maaltu kiyyoo nagataa
 Yaada garaakoo malee
 Yaadanii nabaasanii
 Anaan garaa raasanii
 Lammii booree kaa'anii
 Danqaraa isaanii hin loofne
 Jabboota isaanii hin oofne
 Dallaa isaaniitti hin malle
 Sangaa namaas hin qalle
 Eessa abbaakoon dhaqaree

Na dhibeera garaankoo
 Dubbiin ergaa dhaquukoo
 Yaa tulluu guddaa lafaa
 Yaa gamtaa mootii sabaa
 Yoon siwaame maal qaba?
 Eessakootu mudaa qaba?

Haxxissoo seerri hin dhowwu
 Hattuu dallaan hin dhowwu
 Dhiira garaan waa yaade
 Lakkii dhiisiin hin dhowwu
 Marii firaas hin dhaqne

Madda: Yaadanii (fuul.135 akka qormaataaf tolutti kan fooyya'e)

42. "...akka maar'ataa saafaa..." (buuf. 1) kan jedhu maal ibsa?
 A. dheebotaa B. siissaa C. saffisaa D. joonja'aa
43. Buufata 3^{ffaa} keessatti jechi "booree" jedhu maaliin bakka bu'uu danda'a?
 A. Haaloo B. seexaa C. gadoo D. tuffii
44. "Yaa tulluu guddaa lafaa" kan jedhu malleen dubbii keessaa kamiin ibsamuu danda'a?
 A. Nameessa B. iddeessa C. ateessa D. ukukkubee
45. Buufata 2-3 tti yaada dhiyaate keessaa kamtu yaada geerarsichaa sirriitti ibsa?
 A. Daldalaa ta'uu hin barbaadu C. waan aaree rakkina seene fakkaata
 B. Lilmoo daldaluu hin barbaadu D. jireenyi waan itti hin mi'oofne fakkaata
46. Sararoonni buufata tokkoffaa geerarsa dhiyaatee birsaga walqixaa yoo qabaatan, tokko garuu miti.
 A. sarara 4 B. sarara 3 C. sarara 5 D. sarara 2
47. Buufata 5^{ffaa} keessatti hiiki jecha "kiyyoo" jedhuu maal ta'uu qaba?
 A. boolla B. haada C. muddama D. jaalala gubaa
48. Buufata 6^{ffaa} keessatti geerarsichi maal ibsa?
 A. Hatuun kan hin danda'amne ta'uu isaa
 B. Goota ta'uu isaa
 C. Kaayyoo isaarraa kan hin deebine ta'uusaa
 D. Kan rafee hin bulle ta'uu isaa

49. Buufata 4^{ffaa} keessatti yaanni geerarsichaa waan maal ibsu fakkaata?

- A. Waan hateef miidhamuu isaa
- B. Waan namaatti kan hin buune ta'uu isaa
- C. Sangaa namaa eeguu isaa
- D. Dallaa namaa ijaaruu isaa

Gaaffilee kennamaniif jechoota gurraacha'anii barreeffamaniif hiika faallaa bakka galumsaa isaanii filadhu.

50. Jaarraan farda **sakaale**.

- A. bite
- B. hidhe
- C. yaabe
- D. hiike

51. Ishiin gurbaa **suubboo** tokkotti heerumte.

- A. qeerroo
- B. gowwaa
- C. dureessa
- D. fokkisaa

52. Namni **alaala** jiraatu baay'ee wal yaada.

- A. wallolan
- B. fagoo
- C. baargama
- D. dhiyoo

53. Gatiin xaafii garmalee **qaala'e**.

- A. bushaa'e
- B. miyaa'e
- C. dabale
- D. dhabame

54. Haati biyyaa biddeena **caariggii** tolchite.

- A. maxinoo
- B. daabboo
- C. buka'aa
- D. raacitii

DEEBII GAAFFILEE SHAAKALAA BOQONNAALEE JALATTI KENNAMANII

Boqonnaa Sagal

- 1. A
- 2. A
- 3. D
- 4. B
- 5. A
- 6. B
- 7. B

Boqonnaa Kudhan

- 1. Dhugaa
- 2. Soba
- 3. Soba

Boqonnaa Kudha Lama

- 1. Itti fakkaachuu

Boqonnaa Kudha Afur

- 1. Soorgoo – Baaleefi Roobee

- | | |
|-----------------------|-----------------------------|
| 2. Diina | Sookoo – roobni roobe |
| 3. Obboleessa haadhaa | 2. Soorgoo – itti dhaga’ame |
| 4. Taliila | Sookoo – ulfa taate |
| 5. Nagaa gaaffii | 1.B 2. C 3. D 4. C 5. C |

Boqonnaa Kudha Shan

1. B
2. C
3. D
4. A

Boqonnaa Kudha Ja’a

1. C
2. A
3. C
4. D
- 5.A

Deebii Gaaffilee Akkayyaa

- | | | | |
|--------|-------|-------|-------|
| 1. C | 16. A | 31. C | 46. B |
| 2. B | 17. A | 32. D | 47. A |
| 3. B | 18. A | 33. D | 48. C |
| 4. C | 19. D | 34. B | 49. B |
| 5. B | 20. B | 35. A | 50. D |
| 6. C | 21. C | 36. C | 51. A |
| 7. D | 22. D | 37. C | 52. D |
| 8. A | 23. A | 38. A | 53. A |
| 9. D | 24. B | 39. D | 54. C |
| 10.A | 25. B | 40. D | |
| 11.A/C | 26. D | 41. C | |
| 12.A | 27. A | 42. C | |
| 13.C | 28. B | 43. B | |
| 14.B | 29. D | 44. C | |
| 15.D | 30. B | 45. C | |

Kan Qopheesse: Boonsaa Baabuu Aagaa (MA). Barsiisaa Afaan Oromoo
Mana Barumsaa Bultii Addaa Waldaa Misooma Oromiyaa,
Damee Bishooftuu Irraa

① 0917982153

Email. Bonsababu2018@gmail.com